**Ayyaanni Guyyaan Gootota Oromoo bara 2013 Magaalaa London keessatti Sirna midhagaan kabajame.**

Ayyaanni kun Gootota bilisummaa Oromoo fi Walabummaa Oromiyaaf jecha bara dheeraa irraa eegalanii wareegamanii fi ammas wareegama adda addaa kafalaa jiran yaadachuuf qophaawe . Ayyaana kana irratti ummatni hedduminaan argamee ture.

Ayyaanni kun Ebba manguddoon jalqabamee yaadannoon goototaaf daqiiqaa lama erga ta'ee booda dungii qansiisuudhaan footoo jaynoota Oromoo fuuldura kaayame. Alkasumas itti gaafatamaan ABO kutaa UK, miseensotni WBO, ijoollee, dargaggoo fi manguddoon walduraa dubaan habaaboo (Hilillii) kaawuudhaan gaddaa fi kabaja Gootota Oromoof qaban agarsiisaniiru.

Itti Gaafatamaan ABO kutaa UK, obbo Bersisa Berri, waa'ee ayyaana kanaa ibsa gabaabaa godhaniiru. Ibsa kana keessatti wareegamni ummatni Oromoo gochaa jiru gosa adda addaa ta'us warri lubbuu isaanii kennanii fi ammas kennaa jiran sadarkaa tokkoffaa irratti yaadatamu jedhaniiru. Qabsoo Wareegama ilmaan Oromoo kumaatmaan lakkawaman as gahe bakkaan gahuuf waadaa keenya haaromsuu qabna. Walqabannee jabaanne malee rakkina bara baraa jalaa bahuu hin dandeenyu jedhaniiru.

Miseensotni WBO lama wal duraa duubaan gootontni Oromoo yeroo mmaa akkamitti falmaa akka jiran muuxannoo isaanii ummataaf hiraniiru. Haasawaa isaa keessatti WBO hamilee guutuu akka qabu; yeroo adda addaa gantuun keessaa fi diinni alaan itti heddummatus hanga bilisummaan Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa dhugoomtutti falmaa irraa akka hin deebine mirkaneessaniiru.

Walaloon adda addaa erga dhagayamee booda ummatni maree taasisee keessatti kaayyoo jaynootni Oromoo itti wareegaman bakkaan gahuuf waan dandeenyuun QBO bira dhabbanna; WBOn abdii bilisummaa Oromoo ti jedhaniitu. Qabsoon bilisummaa dhiiga ilmaan Oromoo kumaatamaan lakkawamaniin ijaaramee sadarkaa kana gahe bakkaan gahuu qabna. Warra kana duubatti deebisuu fi kaayyoo jaynootni keenya kufaniifii jijjiiruu barbaadan kabaja goototа Oromoo salphisuu waan ta’eef ummatni Oromoo bara baraan dhiifama isaanii hin godhu jedhaniiru.

Dhuma irratti QBO yeroo ammaa guddina agarsiise keessaa qabsaawota Oromoo kaayyoo jaynootni Oromoo itti wareegaman bakkaan gahuu irratti cichan walitti deebi'anii mooraa qabsoo jabeessuun abdii guddaa dha. Keessattuu walhubannoo QC -ABO fi SG ABO waliin ta’e qaamotiin haqa irratti hundaawan walitti dhufuu isaanii agarsiisa; kunis QBOf jabina guddaa kenna jennee abdanna jedhaniiru. Akksumas diinni baroota dheeraaf QBO sakaalee ture adda baafatuun fi kaayyoon Oromoo akka qulqullawu taasisuun qabsoon bilisummaa Oromoo ayinaan (qualitaty) akka guddate argisiisa. Ammaan booda ummatni Oromoo tokkummaa isaa jabeeffatee qabsoo bilisummaa Oromoo ABOn geggeeffamu bira yoo dhaabbate mirgaa fi bilisummaa isaa gonfachuun fagoo hin tahu jedhaniiru.

Dhuma irratti ummatni ayyaana kana irratti argaman gumaacha qabsoo bilisummaa Oromoof godhanii faaruun alaabaa Oromoo erga dhagayamee booda ayyaanichi milkiin xumurame jira.

Qabsaawaan ni kufa qabsoon itti fufa!

IUOf!

Ummata Oromoo biyya UK

Ebla 20, 2013

London